Oromo
Oromoo

# SHAMARRANII FI DUBARTOOTA

## WANTANI JEDHU ISINIIF ODEEFFANNOO BARBAACHISAADHA

Mirga kabajaan ilaalamuu qabdu
- Namni isin sarbuuf, isinitti baacuuf yookaan isin rukutuuf mirga qabu tokkollee (tasumaa) hin jiru.

Mirga yaada mataa keessanii qabaachuu fi bilisaan ibsachuu qabdu
- Maal akka yaaddan, miira akkamii qabaachuu akka qabdan yookaan nama wajjiin yeroo keessan dabarsitan isinitti himuu kan qabu tokkollee hin jiru.


Teeraafeem isin bira jira

Mirga dhimma maallaqaa keessan ofii keessanii xumurachuu qabdu
- Maallaqa argattaniin barachuu, hojjechuu yookaan waan hojjettan murteeffachuuf mirga qabdu.

Eessayyuu wayita deemtanitti bakka nageenyi keessan eegamee fi sodaan isinitti hin dhaga'amne jiraachuuf mirga qabdu
- Mana keessanitti, mana barumsaatti yookaan bakka hojiitti, mana nyaataatti, mandara keessatti yookaan bosona keessatti illee sodaachuu yookaan yaaddoo nageenyaa qabaachuun gonkumaa isinirra hin jiraatu.

Mirga qaama keessan irratti ofii keessanii murteeffachuu qabdu
- Qaamni keessan kan keessan qofaadha. Eenyu isin tuquu akka danda'u, bakkaa fi yeroosaa murteessuunis kan keessani.

Abbaan manaa kee, abbaan kee, hiriyaan jaalalaa kee obboleessi yookaan wasiilli kee mirga kana sirraa fuudhuu hin danda'ani.

### Jireenya sarbama bifa kamiiyyuu irraa bilisa ta'e jiraachuudhaaf mirga qabdu

Mirga keessan kan hin kabajamne taanaan, deeggarsa argachuu ni dandeessu. Teeraafeem isin gargaaruuf akkasumas mirgoota keessanii fi mirgoota dubartoota hundaaf falmuuf as jira

020-521010